==========

Waltahiinsa Ijaaramuu Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa

Uummattootni Itiyoophiyaa bilisummaa, diimokirasii fi haqaaf qabsoon taasisan sadarkaa guddaa irra gahuu isaa hundi keenya ni hubanna. Waggoota digdamii-shanan darbaniif sirna bittaa TPLF jalatti rakkoowwan uummattoota keenya irra gahan daangaa waan darbaniif sirna kana jalatti garbummaa dhaan buluun nu gahe jedhanii gara kutannoodhaan falmii calqabuun isaanii qabsoon daandii adda addaatiin waggoota dheeraadhaaf adeemisifamaa ture sadarkaa ol aanaa irra gahuu isaa kan ifatti mul'isee dha. Sababa qabsoo mirgaa hardhallee gaggeeffamaa jiru irraan kan ka'e, biyyi Itophiyaa garamitti akka deemtu haala nama wallaalchisu irra geessee jirti.

Karaa tokko uummattoonni sirni bittaa kuni akka jijjiiramu gaafatan loltoota mootummaa meeshaa waraanaa hammayyaa hidhatan fuundura harka duwwaa dhaabbatanii bilisummaadhaaf kan falmaa jiran yoo ta'u; karaa biraa ammoo meeshaa waraanaa hidhatee fi saamicha qabeenya uummataa waggoota digdamii shanane darbaniif adeemisisaa tureen ol'aantummaa loltummaa fi diinagdee of harkatti galfate abdii godhachuudhaan lammiiwwan mirga namummaa gaafatan ajjeesaa, mannee-hidhaa keessatti naqee gidiraa agarsiisaa, kaanimmoo akka baqatanii biyyaa bahan dirqisiisaa taayitaa irra turuudhaf yaalii taasisaa akka jiru argina. Haala baay'ee yaaddessaa ta'e kana callifnee ilaaluu hinqabnu jennee kan kaanee dhaabbileen siyaasaa karaa adda addaa qasoo gaggeessaa jirru sirna mootummaa cehumsaa kan qaamonni dhimmi biyya keenyaa ilaalu hundi irratti walii-galan ijaaruudhaaf haala nudandeessisu irratti waliin taanee hojjachuu kan nudandeessisu dhaaba **Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa** jedhamee beekamu dhaabneerra.

Mul'anni (Vision) **Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa** sirna mootummaa mirga ofiin of bulchuu biyyittii eeguu, mirga sabaaa fi sab-lammii kabaju; aadaa fi seenaa hawaasaa calaqisiisu꞉ sabaa fi sab-lammiiwwan biyyittii seera fuunduratti wal-qixxummaadhaan keessumsiisuu fi guddinni-diinagdee fi badhaadhinni akka dagaagu kan taasisu sirna feederaalaa dhugaa ijaaruu dha.

Ergamni (Mission) **Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa** amoo uummattoota biyyittii hunda haalaan qindessee kaayyoo biyyoolessaa tokko jalatti waliin hiriirsuudhaan mootummaa fedhii uummataatiin ala humna qawweetiin taayitaa qabatee uukkaamsee bitaa jiru qabsoo karaa nagaa (kan humna qawweetiin ala ta'een) akka dhabamsiisan taasisee mul'ata sochii knaa isa sirna federaalaa diimookiraatawaa ijaaruu jedhu bakka itti gala isaatiin gahuu dha.

Nuti dhaabonni sochii biyyaa kana hundeessine murtii guddaa kana irra kan geenye lafumaa kaanee miti. Rakkoowwan biyyitti kan walxaxaa ta'an haalaan qowannee, tarkaanfiiwwan keenya darban xiinxallee yoo ta'u namoonni halli biyya keenyaa isaan yaaddesse kan dhaaba siyaasaa kamiyyuu waliin hidhata hinqabne kan haalli biyyi keenya yaroo ammaa keessa jirtuus ta'ee garri itti adeemaa jirtu isaan yaaddesse kaka'umsa mataa isaaniitiin dhaabota keenya waliif galchuudhaaf ji'oota dheeraadhaaf yaalii taasisan irratti hundoofnee akka ta'e jala butnee ibsuun barbaachisaa dha. Ijaa kana ta'eef ammo sochiiwwan siyaasaa biyya keenyaa keessatti baramoo kan ta'an wal-hamii, daandii sirrii hintaneen wal-qeequu fi qabsoo du'aa jiraa kan uummattoonni keenya adeemsisaa jiran kan hingargaarre adeemsitoota diigoo ta'an hambisuudhaaf yookii dura dhaabbachuudhaaf jecha waan sochiin biyaa kuni ta'ee fi hintaane ifa goonee dubbachuun barbaachisaa dha..

1. Dhaabonni sochii biyyaa kana ijaarre ilaalcha uummattoota biyya keenyaa hunda yookii dhaabota mootummaa taayita irra jiruun morman hunda bakka buuna yookii hammanneerra ilaalcha jedhu hin qabnu. Haata'u malee dhaabota siyaasaa beekamoo ta'an sochii kana keessatti dabaluudhaaf karaa keenyas ta'ee karaa obboloota keenya warra nu arfan akka walitti dhufnee bakka har'a geenye kana geenu taasisanii yaaliiwwan heddu godhamaa akka turan oto hinibsiin darbuu

hin feenu. Yaaliiwwan gurguddoo jedhamuu danda'an taasifnus, bu'aa barbaanne garuu argachuu hin dandeenye. Rakkoowwan biyya keenyaa guyyaa dhaa gara guyyaatti hammaachaa deemaniiru. Uummattootni keenya ammo wal-taanee akka sochoonu deddeebisanii gaafachaa turaniiru. Haalota kana irratti hundoofnee ennaa ilaallu, dhaabota siyaasaa walitti fiduu yaaluun yaroo dheeraa amma ammaatti fudhate fudhachuun sirrii akka hin taane, sirumayyuu bakka dhaquu barbaannu gawuudhaaf sochii waliinii taasisuun yoomuu caala barbaachisaa ta'uu isaa waan hubanneef sochii biyyaa kana ijaaruudhaaf murtessineerra. Amma danda'ametti garuu dogoggoroota wal-ta'insa dhaabota diiguu danda'an tokko tokko hambisuudhaan; jechuun haala dogoggoroota darban keessa nu hinseensifneen bakka tokko irratti calqabuun dirqama waan ta'eef dhaabonni kanaa gadittti maqaan isaanii ibsame tarkaanfii sochii biyyaa Itiyoophiyaa ijaaruu fudhataniiru. As irratti gara fuunduraatti dhaabota siyaasaa dhimmi Itiyoophiyaa ilaalu hunda (all stakeholder organizations) sochii kana keessatti dabaluudhaaf yaalii wal irraa hincinne kan taasifnu ta'uu keenya jala unnee dubachuu barbaanna.

2. Dhaabonni Sochii Biyyaa Itiyoophiyaa keessa jirru (sochii kana warri ijaarre) daandii gara garaatiin uummata bakka buuna jennu keessattis sochi gochaa jiraachuun keenya akkuma eegametti ta'ee akkaataa qabsoo keenya itti gaggeessinu irratti garaa garummaa qabna. Haa ta'u mlee dhaabni tokko akkaataa qasboo ittiin adeemsisu ilaalchisee daandii hordofuu barbaadu dhaabni miseensa sochii kanaa ta'e biraa balaaleffachuun yookii mormun irra hinjiru. Kana jechuun dhaabonni sochii kana ijaarre daandii qabsoo saganataa dhaaba keenyaa bakkaan gawuudhaaf nugargaara jennee amanne hunda hordofuudhaaf bilisa jechuudha.

3. Sochii biyyaa haaraa kana ennaa ijaarru rakkoolee biyyi keenyaa waggoota digdamii-shanan darbaniif keessa turte, ammas keessa jirtu, kan uume sirni TPLF hundee irraa buqqa'ee sirna haaraa dimokiraatawaa ta'e kan uummattoonni keenya itti amananii fi fedhii guutuudhaan fudhataniin bakka bu'uu akka qabu waliif galleeti. Walii galteen, mariin yookii adeemsi araaraa kamiyyu ejjannoo keenya kana akka geeddarru nu hin taasisu.

Qabxiiwwan sadan kana hubannoo keessa galchinee tarkaanfiiwwan ijaarsa sirna cehumsaa bu'ureesuu nu dandeessisan fudhachuuhaaf **Sochii Biyyaa Itiyoophyaa** ijaaruu keenya ennaa labsinu qaamonni dhimmi biyya keenyaa ilaalu hundi, keessumaa ammo rakkoowwan sirni TPLF uumee irraan kan ka'e haalli keessa jiran obsaan kan bira hin darbamne ta'uu hubatanii harka isaanii duwwaa qawwee loltoota Agaazii dura dhaabbatanii falmaa kan jiran uummattoonni keenya nuwaliin akka hiriiran amantii guddaa qabna.

Dhuma irrattis dhaabonni adda addaa dhimmi biyya keenya kan isin ilaalu hundi biyya keenya keessatti taayitaa mootummaa duwwaa otoo hinta'iin ol'aantummaa humna lolaas ta'ee kan diinagdee dhuunfaadhaan tohatee uummattoota keenya garuu ukkaamsee garbummaa jalatti bitaa kan jiru sirna TPLF dhabamsiisuun hojjaa boruuf jedhamuu hin qabne ta'uu isaa hubattanii akka nuwaliin hiriirtan waamicha keenya irra deddeebinee isiniif dhiheessina.

Bilisummaa, dimookiraasii fi haqa saboota Itoophiyaa hundaaf!!

B'ureessitoota SOCHI BIYYAA ETHIOPIA

- Adda Dimokiraatawaa Oromo
- Arbanyoch GInbot 7 sochii tokkummaa fi dimokirasi
- Paartii Uummata Affaar
- Sochii Dimokiraasii Biyyaa Sidaamaa

Onkoloolessa 30, October 30, 2016